# Muuxannoon kee Awustiraaliyaa keessatti tasgabbaa'uu waliin walqabatu

***Mootummaa Awustiraaliyaa Kutaa Dhimma Biyyaa (Department of Home Affairs) dhaan maallaqaan kan deggarame***

## Waraqa Odeeffannoo Hirmaattota - baqattoota CRISP
## (qorannoo bilbila fi af-gaaffii)

**Qorattoota Yuunivarsiitii Kuwiinslaand (The University of Queensland):** Associate Professor Jenny Povey, Sarah-Ann Burger, Dr Rennie Lee, Dr Martin O'Flaherty, Dr Charlotte Young, Associate Professor Gerhard Hoffstaedter, Dr Macarena San Martin Porter, Nikita Sharma, Sophie Austerberry, Elizabeth Kennedy, Miguel Lattz, Edmund Kanmiki, Sylistah Gadam, Elahe Nikooharf Salehi, Saeed Jaydarifard, Asma Zulfiqar, Iryna Kolesnikova, Noor Yousef, Gina Nuttall, Professor Tim Reddel, Professor Janeen Baxter
**Dhaabbanni Awustiraaliyaa Qorattoota Qo'annaa Maatiitiif:** Karlee O'Donnell, Dr Sean Martin
**Yuunivarsiitii Biyyaalessaa Awustiraaliyaa (Australian National University):** Associate Professor Ben Edwards

Qorannoo kanaaf fedhii keessaniif galatoomaa. Akka qooda fudhachuu barbaaddan murteessuu dandeessu, odeeffannoo waa'ee qorannoo kana dubbisaa, akkasumas gaaffii yoo qabaattan nu qunnamaa.

**Qorannichi waa'ee maaliiti?**
Muuxannoo keessan Awustiraaliyaa keessatti tasgabbaa'uu fi deeggarsa isin argattan hubachuu barbaanna. Waan sirritti hojjatuu fi waan fooyya'uu qabu maal akka ta'e baruu barbaanna.

**Qo'annicha keessatti hirmaachuun qabaa?**
Qo'annicha keessatti qooda fudhachuun fedhiidhaan ta'a. Yoo qooda fudhachuu hin barbaanne ta'e, dirqama gochuu hin qabdu. Qooda fudhachuu dhiisuu yoo filatte, kun hariiroo ati Biirichi waliin qabdu, yookiin gargaarsa hawaasaa ati fudhattu irratti dhiibbaa hin fidu.

**Maal gochuu na barbaachisa?**
Geessituu (Link) Waraqa Odeeffannoo Hirmaattota kana erga fudhattee torban 1 booda, sii fi miseensa maatii kee keessa dargaggeessi biroo, dhaabbata qorannoo gabaa, McNair, irraa nama afgaaffii gaafatu, afaan kee kan haasa'u ykn turjubaana kan fayadamu tiin gaaffiiwwan qorannicha gaafachuuf isinif bibilamaa. Daqiiqaa 30f bilbilaan gaaffiiwwan qorannicha ni deebista akkasumas ji'a 9 booda gaaffii dabalataa gaafachuuf irra deebiin si qunnamu. Odeeffannoowwan iyyannoo keessan keessa dhiyeessitan irraa muraasa fayyadamnee deebiiwwan qorannichaaf isin keennitan irratti dabaluuf ni fayyadamna. Qorannoon hordoffii akka isin qunnamnuuf odeeffannoo quunnamtii keessan akka nuuf kennitan isin gaafanna. Walitti qabama argannoo yoo barbadan fi gaaffii fi deebii irratti hirmaachuuf fedhii yoo qabdan isin gaafanna. Maatii muraasa qofatu filatama.

**Gaaffiif deebiif yoon filatame maal ta'a?**
Yoo maatiin keessan filatame, gaaffiif deebii qorannicha irraa ji'a 1 booda, iimeeliin waamichaa fi foormiin waliigaltee isiniif ergama. Af-gaaffiin hordoffii af-gaaffii jalqabaa booda gara ji'a 9 booda ni raawwatama. Qooda fudhachuuf waliigaluu keessan, foormii waliigaltee mallatteessuu dhaan, imeelli/erga erguu dhaan yookiin bilbiltanni nutti himuu dandeessu. Gaaffiif deebiichii daqiiqaa 45 ykn turjubaana waliin hanga daqiiqaa 90 fudhata. Gaaffiif deebiichii viidiyoo dhaan (fkn Zoom ykn Teams) ykn bilbilaan akkasumas nama afgaaffii gaafatu dhiiraa ykn dhalaa akka ta'uu filachuu ni dandeessu. Yoo walii galtan sagalee keessan gaaffiif deebii irraa ni waraabna. Zoom ykn Teams yoo fayyadamne sagalee qofaatu kaayama.

**Qooda fudhachuun koo maaliif barbaachise?**
Argannoon kun haala jireenya baqattootaa fi namooma baqattoota Awustiraaliyaa keessa jiran fooyyessuuf gargaara.

**Bu'aan naaf qabu jiraa?**
Faayidaan kallattiin siif fidu hin jiru, haala jireenya baqattoota biroo mijeessuu ykn akka foyyaa'uu gargaarta. Gaaffiif deebii gahumsa qabuuf (qualitative) yoo filatamtan, gaaffiif deebii tokkoof badhaasa kaardii $40 isiniif kennina.

**Qorannoo kana keessatti qooda fudhachuu koo eenyutu beeka?**
Yuunivarsitii Kuwiinslaand (The University of Queensland) qofaatu akka ati qooda fudhatte beeka. Ati yoo itti himuu baattee, gareen deeggarsa hawaasa keessanii hin beeku.

**Balaan anaaf ni jiraa?**
Balaan qooda fudhachuu irraa dhufu xiqqaadha. Waa'ee jireenya haaraa Awustiraaliyaa kessatti jalqabu irrattii muuxanno kee haasawun akka sitti hin tolle si godhu danda'a. Yoo gaaffiin kamiyyuu akka sitti hin tolle si godhe deebii itti kennuu hin qabdu. Gaggeessaan gaaffiif deebii gaafficha ati akka hin jaallanne yoo hubate gaaffii biraa darbuu danda'a. Yeroo afgaaffii sana hiriyaa akka si gargaaruu gaafachuu dandeessa, haalli mijataan kee nuuf barbaachisaadha.

**Odeeffannoon waa'ee koo maal ta'a laata?**
Odeeffannoon dhuunfaa keessanii hundi (fkn, maqaa fi qunnamtii keessanii) iccitti dhaan qabama. Daataan (data) qorannoo fi gaaffiif deebii keessan kan galmeeffamu adda baastuu addaa (unique identifier (ID)) fayyadamudhaan yoo ta'u, odeeffannoo dhuunfaa keessan irraa adda baaftanii sirna Bulchiinsa Daataa Qorannoo nageenya qabu kan Yuunivarsiitii Kuwiinslaand (UQRDM) keessa fi akka pirootokoolii qaqqabummaa cimaa ni kuufamuu. Daataa kana argachuu kan danda'an hojjettoota Hogganaa Pirojektiitiin mirkanaa'an qofa. Daataan qorannoo fi af-gaaffii keessanii daataa Kutaa Dhimma Biyya Keessaatiin (Department of Home Affairs) walitti qabame waliin kan walqabatu ta'a (fkn, barnoota), garuu daataa keessan kallattiin hin kennamu ykn qooda fudhachuu fi dhiisuu keessan hin beekan. Kutaan Dhimma Biyya Keessaa (Department of Home Affairs) kallattiin daataa af-gaaffii keessanii hin kennamu ykn kutaa qorannichaa af-gaaffii irratti hirmaachuu fi dhiisuu keessan hin beeku.

Daataan qorannoo fi af-gaaffii kee kan adda hin baafamne yeroo waa’ee bu’aa qorannichaa barreessitu daataa hirmaattoota biroo wajjin kan walitti makamu yoo ta’u, bu’aa qorannichaa irraa adda baafamuu hin dandeessu. Gareen pirojektichaa bu’aa qorannoo kanaa karaa adda addaa kanneen akka infogiraafiksii, dhiheessii fi gabaasa dhiyeessuu ni eega. Bu’aan argame gara fuulduraattis qorannoo fi barsiisaaf oolu danda’a. Pirojektiin kun erga xumuramee booda, akkaataa imaammata daataa qabachuu Yuunivarsiitichaatiin daataa adda baafame ni kuufama.

**Yoon of baasuuf murteesse maaltu ta'a?**

Yoo yaada kee jijjiirte, yeroo barbaaddetti (qorannoo ykn gaaffii fi deebii lammaffaa dabalatee) hirmaachuu dhiisuuf bilisa dha, maaliif akka ta’es dubbachuun si hin barbaachisu, qofa garee pirojektii beeksisii. Murtoon qooda fudhachuu dhiisuu kee deeggarsa argattu irratti dhiibbaa hin geessisu. Yoo daataa isin dhiheessitan kamiyyuu akka barbadaa'u barbaaddan, maaloo garee pirojektii beeksisaa fi yeroo qorannoo keessaa baatan irratti hundaa’uun daataa sana balleessuu danda’u ta’a.

**Bu’aa qorannoo kanaa dhaga’uu danda’aa?**

Madaalliin kun ji’a Waxabajjii bara 2025 kan xumuramu yoo ta’u, argannoowwan ijoo ta’an osoo ummataaf hin dhiyaatin dura hayyama ministeera barbaadu. Argannoowwan ijoo erga maxxanfamanii booda, garagalcha barbaadda yoo jettan gabaabinaan argannoowwan argaman sanaa isiniif ergama. Waa’ee argannoowwan kanaa gaaffii yoo qabaattan, maaloo yeroo barbaaddanitti garee pirojektii crisp@uq.edu.au, ykn Hogganaa Pirojektii, Sarah-Ann Burger, sarahann.burger@uq.edu.au ykn 07 3443 1023 qunnamaa.

**Waa’ee pirojektichaa yaaddoo yoo qabaadhe eenyuun qunnamuu danda’a?**

Qorannoon kun Qajeelfama adeemsa gamaaggama naamusaa Yuunivarsiitii Kuwiinslaandii (The University of Queensland) fi Ibsa Biyyaalessaa Naamusa Qorannoo Namaa irratti bahe hordofa. Garee pirojektii yeroo barbaaddanitti crisp@uq.edu.au, ykn Hogganaa Pirojektii, Sarah-Ann Burger, sarahann.burger@uq.edu.au ykn 07 3443 1023 qunnamuu dandeessu. Qondaala Yuunivarsiitichaa madaallii kana keessatti hin hirmaanne waliin haasa’uu yoo barbaaddan, Qindeessaa Naamusaa +617 3365 3924 / +617 3443 1656 ykn email humanethics@research.uq.edu.au Lakkoofsa eenyummaa Naamusa qorannoo kanaa: 2022/HE001057 qunnamuu dandeessu.